# ADDA BILISUMMAA OROMOO

**OROMO LIBERATION FRONT** جبهة تحرير اورومو

Gaafa: 20/09/2016
Date: تاريخ

Lakk.:018/stm/abo/2016
No.: رقم

## Mootummaan Keenyaa Mootummaa Wayyaanee Abbaa Irree Tumsuun Qabsaawota Bilisummaa Adamsuun Gaafachiisaa Taha (Ibsa ABO)

Mootummaa Wayyaanee/TPLF waggoota 25f kan aangoo irra turse gargaarsa mootummoota alagaa fagoo fi dhihoo ti. Gargaarsi beekaas tahe osoo hin beekiin ykn bu'aa adda addaa irraa mootummaa abbaa irree kanaaf godhamu ummatoota Itophiyaa sirna farra dimokraasii fi namoomaa jalaa akka hin baaneef gufuu guddaa itti tahee jira.

Yeroo ammaa kana mootummaan Wayyaanee qabsoo ummatootaa bakkaa bakkatti finiinaa jiruun dhiphuu keessa seenee akka jiru hubatamaa dha. Aangoo siyaasaa humnaan tikfataa fi alagoota of gargaarsisuun har'aan gahate kufaatii irraa hambisee lubbuu dheeressuuf akkuma amala isaa guuza/daboo kadhatuun qabsaawota bilisummaa irratti duuluuf Karoorfatee jira. Mootummaan Keenyaas waamicha Wayyaanee kanaaf owwaatee humna waraanaa qabuun bira dhaabbatuuf ajaja dabarsuun sochii duulaa WBO Zoonii Kibbaa irratti jalaqabuf itti jiruun hubatamee jira.

Mootummaan Wayyaanee tuffii mootummaa Keenyaaf qabu irraa maqaa ABOn daangaa cabsee seenuu dhaan lammiilee Keenyaa irraan miidhaa ol aanaa dhaqqabsiisaa akka turee fi jiru, akkasumas, milishoota isaa ummata Turkaanaatti bobbaasuu dhaan gara jabinaan fixuu, humna tikaa nageenya mootummaa Keenyaa tiksuuf gaafatama qabu keessa harka naqatuu dhaan baqattoota ukkaamsanii akka kennaniif taasisuun yakka raawwachiisaa turuu dagatee mootummaa kana waliin hiriiruu dhaan fedhii isaa deddeebisee guutuun akka mootummaatti qaanfachiisaa fi ummata isaa birattis kan isa tuffachiisu dha.

Yeroo ammaa kana mootummaan Wayyaanee mootummaa Keenyaa of gargaarsisuun WBO Kibba Oromiyaa keessa sosso'u irratti duubaan duula banuuf qophii xumuratanii jiran. Duula kana keessattis humnni addaa Keenyaa GSU (General Service Unit) jedhamuu fi humna lafoo KDF (Kenyan Defence Force) keessaa ammo KA 1 kan jedhamu dirqama kanaaf Moyaltti of qopheessaa jiraatuun huatamee jira.

Duula mootummaa abbaa irree tumsuun gaggeeffamu kanaan kan miidhamu baqattoota Oromoo fi lammiilee Keenyaa tarkaanfii mootummaa Wayyaanee balaaleffatan akka tahan hin shakkisiisu. Tarkaanfiin waraanaa humnoota lameenii kun isa jalqabaa miti. Kanaan duras yeroo adda addaa sakattaa adeemsifamaa kan ture tahullee sochii ABOn Kibba Oromiyaa keessatti adeemsisu dhaabuun hin danda'amne. Duulli kunis akkuma isaa kanaan duraa akka fashalu shakkiin hin jiru. Hanga gaaffiin Oromoo deebii argatu qabsoon bilisummaa Oromoo of booda kan hin deebine tahuun eenyuufuu ifaa dha jennee amanna.

ABOn tumsa mootummaan Keenyaa mootummaa Wayyaaneef karaa Waraanaa, tikaa fi bifa biraanis gochaa jiru kana jabeessee balaaleffata. Tarkaanfiin mootummaa Keenyaa kun qabsaawota haqa ummata isaaniif falman irratti kan xiyyeeffate, ummata Oromoo bittaa abbaa irrummaa jalatti kan ittisuuf gumaachu tahuu yaadachiisaa, tumsa gochuufii irraa akka dhaabbatu ammas irra deebiin gaafata.

Motummaan Keenyaa lola kana keessatti deddeebisee hirmaatuun lolli Gaanfa Afrikaa keessatti babal'atee bifa godinummaa akka qabatu gochuu irra darbee fayidaa inni fidus akka hin jirre hubachiisa. Ummatni Oromoo ummata olla isaaf kabajaa qabu, nagaa fi jaalalaan kan waliin jiraatu tahuu seenaa baroota dheeraa waliin dabarsanii ilaaluun gahaa dha. Seenaa obbolummaa fi ollummaa baroota dheeraa kana irra tarkaanfatuu dhaan mootummaa kufuuf gatantaraa jiruuf hirkoo tahuun ammo  tarkaanfii mootummaa Keenyaa tahuu hin qabu. Tumsa hin mallee fi hin barbaachifne mootummaa abbaa irreef godhamu kanaan miidhaa ummata Oromoo fi qabsoo bilisummaa Oromoo irra gahuufis gaafatamoo tahuu ABO yaadachiisuu fedha.

Kanuma waliin  ummatni Keenyaa guutummaan gochaa dabaa fi jallaa  mootummaan Keenyaa irra deddeebiin fudahtaa jiru kun hegeree ummatootaafis tahe seenaa ummataa fi mootummaa Keenyaaf kan hin tolle  tahuu hubatee mootummaan isaa kana irraa akka dhaabbatuuf gaafatuun dirqama irra jiru tahuu hubachiifna.

Mootummootni naannoo Gaanfa Afrikaa dhiiga ummatootaa mirga isaanii falmatan mootummaan Itophiyaa guyyuu dhangalaasaa oolu callisaanii ilaaluu irra darbanii duula lolaa mootummaan Kenya mootummaa Wayyaanee tummsuun adeemsisaa jirus callisaanii yoo ilaalan  seenaan akka isaan gaafatu yaadachiifna.

**Injifannoo Ummata Oromoof!**

**Adda Bilisummaa Oromoo**

**Fulbaana 20, 2016**